Allaahumma baa'id beynii wa beyna khaxaayaaya kamaa baa'adtta beynal mashriqi walmaghrib

Abuu Hureyraa irraa odeeffame, Rabbiin irraa haa jaalatu, ni jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- yeroo salaatuf "Allaahu Akbar" jedhan osoo hin qara’in yeroo muraasaaf kan callisan waan ta’aniif, ani akkana jedheen: Yaa Ergamaa Rabbii haadha fi abbaan kiyya fidaa isiniif haa ta'anii takbiiraa fi qara'uu jidduutti maal jettu? Isaanis akkas jedhan: «Akkanan jedha: Allaahumma baa'id beynii wa beyna khaxaayaaya kamaa baa'adtta beynal mashriqi walmaghrib, Allaahumma naqqinii min khaxaayaaya kamaa yunnaqqaa assoobul abyadu minaddas, Allaahumma ighsilnii min khaxaayaaya bissalji walbarad», jechuunis: Yaa Rabbi akkuma Bahaa fi Dhihaa gargar fageessitetti anaa fi dilii koo gargar fageessi, Yaa Rabbi akkuma uffanni adiin xurii irraa qulqullaa'utti dilii koo irraa na qulqulleessi, Yaa Rabbi dilii koo irraa bishaanin, fixeensaa fi cabbiin na dhiqi, jechuudha.

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irratti haa jiraatu- salaataaf “Allaahu Akbar” yeroo jedhan, Faatihaa qara’uun duratti yeroo muraasa kan callisan ta'an, yeroo sanaan keessatti salaata isaanii du'aa'ii tokko tokkoon kan jalqaban yoo ta'u, du'aa'ii kana keessaa inni tokko jecha isaanii kana: «Yaa Rabbi akkuma Bahaa fi Dhihaa gargar fageessitetti anaa fi dilii koo gargar fageessi, Yaa Rabbi akkuma uffanni adiin xurii irraa qulqullaa'utti dilii koo irraa na qulqulleessi, Yaa Rabbi dilii koo irraa bishaanin, fixeensaa fi cabbiin na dhiqi». Isaan Rabbii ol tahe jidduu isaani fi jidduu dilii isaanii haalaan akka gargar fageessu kadhatan, kunis adda fageenya irraa kan ka'een akkuma jidduu bahaa fi dhihaa walqunnamtiin hin jirretti, akka tasaa ta'ee dilii keessa kan bu'an yoo tahe, akkuma uffanni adiin xurii irraa qulqulleeffamutti dilii san irraa isaan akka isaan qulqulleessu fi wantoota qulqulleessan kan akka Bishaanii, fixeensaa fi cabbiidhatiin akka isaan dhiqu kadhatan.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/3104